# Daa'imman Keessan Qopha'aniiruu?

## Seera Qajeelfama Sagantaa Talaallii fi Kunuunsa Daa'immanii fi yeroo daa'imummaa jalqabaa

Ijoollonni sagantaalee kunuunsa daa'immanii fi daa'imummaa jalqabaa Minnesota keessa jirutti galmaa'uu isaanii dura talaallii fudhachuun isaanirraa eegama ykn bilisa ta'uu isaanii dhiyeessuu qabu. Ulaagaan kun wiirtuulee kunuunsa daa'immanii, kunuunsa maatii daa'immanii, kunuunsawwan daa'immanii heyyama hin barbaachisne, akkasumas sagantaalee daa'imman duree kanneen akka oolmaa daa'immanii, mana barnoota qopheessituu, oolmaa daa'immanii tola ooltummaa, fi barnoota addaa daa'immanii kan idileen alaa fa'a irratti raawwatamiinsa ni qabaata. Daangaa umurii daa'ima keessanii gabatee armaan gadii keessaa ilaaluun dooziiwwan talaallii walii galaa umurii daa'ima keessaniif barbaachisu hubadhaa

| Talaalliiwwan Barbaachisan | Baatiiwwan 3-4 | Baatiiwwan 5-6 | Baatiiwwan 7-15 | Baatiiwwan 16-23 | Baatiiwwan 24 hanga oolmaa daa'immanii |
|---|---|---|---|---|---|
| Hepatitis B (Hep B) (Talaallii Dhibee Tiruu) | 2 Dooziiwwan | 2 Dooziiwwan | 3 Dooziiwwan | 3 Dooziiwwan | 3 Dooziiwwan |
| Difteeriyaa, tiitaanasii, fi pertaasasii (DTaP) | 1 Doozii | 2 Dooziiwwan | 3 Dooziiwwan | 3 Dooziiwwan | 4 Dooziiwwan |
| Pooliyoo (IPV) | 1 Doozii | 2 Dooziiwwan | 2 Dooziiwwan | 2 Dooziiwwan | 3 Dooziiwwan |
| Niwmokokaal (PCV) | 1 Doozii | 2 Dooziiwwan | 3 Dooziiwwan | 3 Dooziiwwan | |
| Hiimoofiles infiluweenzaa gosa b (Hib) | 1 Doozii | 1 Doozii | 1 Doozii | 1 Doozii | 1 Doozii |
| Gifira, dhodhootoo, rubeelaa(MMR) | | | | 1 Doozii | 1 Doozii |
| Vaariseellaa (dhukkuba simbiraa) | | | | 1 Doozii | 1 Doozii |
| Hepatitis A (Hep A) (Talaallii Tiruu Gosa A) | | | | | 1 Doozii |

**Hubachiisa:** Hangi doozii caqasamee kun yoo daa'imni keessan sagantaa talaallii booda kan jiru ta'e adda addummaa qabaachuu mala. Daa'ima keessan talaalliin darbe yoo jiraate, rakkoo baay'ee hin qabu dhiheessaa isaanii dubbisuun akka qaqqabu taasisaa.

**Talaalliiwwan akka fudhattan jajjabeeffaman garuu immoo ulaagaa sagantaalee kunuunsa daa'immanii ykn Daa'imummaa jalqabaa kan hin taane.**

Infiluweenzaa, COVID-19, vaayiresii sirna hargansuu hubu (RSV), rootaa vaayires fi talaalliiwwan kan biroo fudhachuun eegumsa daa'ima keessanii mirkaneessuuf barbaachisoodha. Yeroo daa'imni keessan talaallii fudhachuu qabu ilaalchisee dhiheessaa kunuunsa fayyaa keessan dubbisaa. Odeeffannoo dabalataaf [CDC: Sagantaalee Talaallii Mataa fi Daa'ima Keessanii (www.cdc.gov/vaccines/imz-schedules/index.html)]daawwadhaa.

## Odeeffannoo maatii fi guddistuuf

- Sagantaa kunuunsa daa'immanii/ daa'imummaa jalqabaaeegaluun dura daa'imni keessan talaallii barbaachisaa hunda akka fudhatu ykn waraqaa dhiifama talaallii akka dhiheeffatu mirkaneeffadhaa
- Galagalcha galmee ragaa talaallii daa'imaa keessanii Sagantaa kunuunsa daa'immanii, daa'imummaa jalqabaa ykn mana barnootaa galchaa. Gara galcha ragaa talaallii daa'ima keessanii kilinika ykn immoo karaa toora marsaaratii [Find My Immunization Record (www.health.state.mn.us/people/immunize/miic/records.html) jedhu irraa argachuu dandeessu.]
- Maaloo yoo daa'imni keessan dhiifama talaallii sababa rakkoo fayyaa ykn sababa amantaa dhuunfaa fayyaan wal hin qabanne qaba taanaan unka gara galchituu guutaa

[Talaalliiwwan Daa'ima dhalattuu, ijoollee fi Dargaggootaa (www.health.state.mn.us/people/immunize/basics/kids.html)]

Waraqaa kana boca kan biroon argachuuf Sagantaa Talaallii karaa lakkoofsa bilbilaa 651-201-5503 ykn1-800-657-3970 qunnamaa
12/2024 Oromo

DEPARTMENT OF HEALTH

MAQAA DAA'IMAA (JALQABAA, XUMURA):_____________________________________________GUYYAA DHALOOTA DAA'IMAA:_______________

# Sababoota dhiifama talaallii fayyaan wal qabatanii fi wal hin qabanne

**Qajeelfamoota qindeessa ragaa sababoota dhiifama talaallii fayyaan wal qabatanii fi fayyaan wal hin qabanne akkasumas ragaa talaallii dhukkuba simbiraa (Vaariseellaa)**

Qindeessa ragaa sababoota dhiifama talaallii fayyaan wal qabatanii fi fayyaan wal hin qabanne akkasumas ragaa talaallii dhukkuba simbiraa (Vaariseellaa) galchuuf tarkaanfiiwwan 1 fi 2 irra jiran hordofaa.

1. Sanduuqa sababoota dhiifama talaallii fayyaan wal qabatanii fi wal hin qabanne jedhan keessatti mallattoo X kaa'aa. Daa'ima keessan talaalliiwwan tokkoo ol irraa dhiisisuu barbaaddu taanaan tarree talaalliiwwan sanaa irratti mallattoo X taasisaa.
2. Waraqaan dhiifama talaallii ykn raga talaallii dhukkuba simbiraa mallatteeffamuu qaba.

| Talaalliiwwan Barbaachisan | Fayyaa | Fayyaan Kan Wal Hin Qabanne |
|---|---|---|
| Talaallii Tiruu B (Hep B) | | |
| Difteeriyaa, titaanasii, fi pertaatis (DTaP) | | |
| Pooliyoo (IPV) | | |
| Niwmokokaal (PCV) | | |
| Hiimoofiles Infiluweenzaa gosa b (Hib) | | |
| Gifira, dhodhootoo, ruubeellaa (MMR) | | |
| Vaariseellaa(Dhukkuba simbiraa) | | |
| Talaallii Tiruu Gosa A (Hep A) | | |

**Dhiifama Fayyaan Wal qabatu** : Dhiifama fayyaan wal qabatu dhiheessaan kunuunsi fayyaa ilaalee mallatteessuu qaba. Dhiheessaa kunuunsa fayyaa jechuun ogeessa heyyama fayyaa qabu, narsii, ykn gargaaraa dookteraa fa'a dabalata.
Daa'imni kun sababa rakkoo fayyaa(dhorka) irraa kan ka'e ykn ragaan laaboraatoorii eegumsa farra alagaa gahaa ta'e qabaachuu agarsiisu waan jiruuf talaallii mallattoon X itti godhame kana kan hin fudhanne ta'uu mallattoo koon nan mirkaneessa.

Mallattoo: ______________________________
(kan ogeessa kunuunsa fayyaa)

Guyyaa:___________________

**Sababoota Fayyaan Wal hin qabanne :** Maatii/guddiseen dhiifamoota talaallii rakkoo fayyaan wal hin qabanne mallatteessuun unkichi qondaala galmeessa ragaalee hawaasaan mallatteeffamee chaappaan itti godhamuu qaba. Daa'imman amantaa maatii/guddistuun ala talaallii fudhachuu hin qaban. Daa'ima talaallii irraa dhorkuun fayyaa isaaniis ta'e kan biroo balaa irra ni buusa. Daa'imman talaallii hin fudhatiin dhukkuboota talaalliin dhorkamuu danda'aniif saaxilaman mataa isaanii fi namoota biroo eeguuf jecha mana barnootaa fi hojiiwwan idilee kan biroo irraa guyyoota 21f of dhorkuun mana keessa turu.
Daa'imni kun talaallii mallattoon X itti godhame kana sababa amantaa kootiin akka hin fudhanne taasisen jira, dhukkuboota talaalliin dhorkamuu danda'aniif yoo saaxilame immoo guyyoota 21f barnoota ykn sochiiwwan biroo irraa of dhorkee mana turuu akka qabu mallattoo koon nan mirkaneessa.

Mallattoo:____________________________________________________________Guyyaa:______________
(kan maatii/guddistuu)

**Sababoonni dhiifama talaallii fayyaan wal hin qabanne qondaala galmeessa ragaalee hawaasaan mallattaa'uu qabu:**

Waraqaan kun ana duratti mirkanaa'e gaafa

___________________________________ (guyyaa),

Kan mirkaneesse ____________________________________________
(maqaa maatii ykn guddistuu)

Mallattoo Qondaalaa:

_______________________________________________

**Chaappaa Qondaalaa**

Isteetii _________________________________________,
Kaawuntii _______________________________________

**Seenaa dhukkuba simbiraa (variseellaa)** : Da'imni kana dura dhukkuba simbiraaf saaxilamee yoo jiraate, talaallii variseellaa fudhachuuf hin dirqaman Dhukkubichi Fulbaana 1, bara 2010 booda kan mudate taanaan dhiheessaan kunuunsa fayyaa mallatteessuu qaba
Daa'imni dhukkubichaan kan qabame Fulbaana 1.,bara 2010 dura yoo ta'e maatiin unka kana mallatteessuu qabu.
Daa'imni kun yeroo armaan gaditti caqasame keessa dhukkuba simbiraan qabamee waan tureef talaallii variseelaa kan isa hin barbaachisne ta'uu mallattoo koon nan mirkaneessa, Ji'aa fi bara ___________________________
Mallattoo:____________________________________ Guyyaa:_________________________
(kan ogeessa kunuunsa fayyaa, bakka bu'aa kilinika hawaasaa, ykn maatii/guddisee)